## SEENSA

Magaalaan Siyaatil bara haaromsa madaaliyaa bara 2023/2024, Eelba 1, 2023 irraa eegalee/ jal qabee, Waxabajjii 30, 2023 xumurama. Kaffaltiin erga yeroon darbee/balfatamee kaffalamu Adooleesa 15, 2023 irraa eegalee osoo hin shallagamin dura yeroon hafuura galfii torban lamaa ni jiraata. Akkuma waggoota darbanii waldaaleen fi dhaabbileen odeeffannoo haaromsa medaaliyaa bal'inaan akka qooddatan gaafachaa jirra.

## WARAQAA RAGAA GIBRA HEEYYAMA DALDALA TEESSOTA KEETII DHUGOOMSA (YKN FUDHADHAA)

Haaromsa medaalla jalqabuu isaanii dura, iyyattoonni hayyama daldalaa argachuuf ykn haaromsuuf ykn unka gibiraa walqabatee galmeessuuf fuula marsariitii waraqaa ragaa gibira hayyama daldalaa Magaalattii akka daawwatan cimsinee yaada kennina. Tarkaanfii kana xumuruun adeemsa haaromsa medaaliyaa baayyee salphisuuf ni gargaara.

## MADAALIYAA KEE HAAROMSI

### Haaromsaa Toora Interneetii

- Yoo amma durratti akkaawuntii Tajaajiloota Siyaatil kara Inteerneeti Seennudhan (Seattle Services Portal) hin qabaanne, tokko bannadhu.
- Haaromsa xumuruuf filannoo of-tajaajila jedhu Inteerneetiicha seenuun fayyadamii.
- Kaardii liqii fayyadamuun toora interneetii irratti kaffalaa - bilbiluun ykn gara waajjira dhaquun hin barbaachisu!

### Karaa E-Meeyliin Gargaarsa Gaafadhu

- Suuraa galmee konkolaataa keessanii gara taxicab@seattle.gov ergaa.
- Konkolaataan medaaliyaa offirraa qabu kun ji'oota 12 darban keessatti **makaanikaa Magaaladhaan mirkanaa'een** sakatta'iinsa nageenyaa raawwatame akka darbe mirkaneessuu.
- Daldalaan inshuraansii kee imaammata inshuraansii/ galmee gara **vehicleinsurance@seattle.g**ov itti erguu isaa mirkaneeffadhu.

### Lenjii Irratti Hirmaadhu

- Walakkeessa-Caamsaa (May) irraa eegalee, bakka bu'oonni Magaalaa abbootii qabeenyaa medaaliyaa haaromsa toora interneetii irratti gargaaruuf lenjii ni qopheessa. **Ramaddiin yeroo leejii kan guutamuu beellama qabachuudhaan qofa.**
- Beellamni toora interneetii irratti qabachuun ni danda'ama. Ibsa beellamaa fi imeeyliin mirkansaa ni argata.

**WAANTOOTA ILAALAMUU QABAN BARBAACHISOO BIRAAN**

## Konkolaattota Libiree Deebi'anii Suphamaan Qaban

Yoo konkolaataa Libiree deebi'ee suphamee kan ammaan dura tajaajila taaksii ykn konkolaataa kireeffamee hin beeknee itti dabalaa jirta ta'e, sakatta'iinsa fireemii fi eerbaagii kan **makaaniika Magaalaan mirkanaa'een** guutame qabaachuun si barbaachisa.

## Daangeessa Umurii Konkolaataa

Hanga Maagaalaa fi Kaawuntiin seera haar'aa daangeessa umurii konokolaataa taaksii fi kiraa gara wagga 15 tti ol butuuf murteesaniitti, daangessi umrii konokolaataa wagga 10 yeroof dhaabatee jiru akkuma jirutti itti fufa. Maagaalaa fi Kaawuntiin daagessa umurii haarayaa Muddee 31, 2023 dura ni qabaatu jedhamee abdatama.

## Qormaata Taaksiimeetiraa

Kanneen konkolaataa jijjiranii ykn waldaaleen taaksiimeetra ilaalchisuu fedhan waajjira keenya kan 805 S. Dearborn St. Seattle, WA 98134 dhufuu dirqama. Yeroo madaaliyaa haaromsuu sana beellama qabachuun in dandaa'ama.

## Jijjiirraa Abbummaa

Jijjiirraan abbummaa yeroo **haaromsi raawwatamu unka fedhiin madaaliyaa dabarsuu** guutamee gara taxicab@seattle.gov tti iimeeylii ergamuu qaba. Jijjiirraan kun Dirree Tajaajilaalee Siyaatil irratti guutamuu hin danda'u. Yeroo haaromsa medaaliyaa kanatti jijjirraan raawwatamu kaffaltii jijjiirraa hin qabu.

## Diirboorni (Dearborn)

**Gargaarsi haaromsa Medaaliyaa bakka 805 S Dearborn St. hin jiraatu.** Bakka bu'aa to'ataa heyyaamaa irraa gargaarsa argachuuf, ykn leenjii haaromsa meedaaliyaa dhufuuf jiruuf beellama qabachuuf bilbilaan (206-386-1268) bilbiluu ykn iimeeylii (taxicab@seattle.gov) dhaan quunnamuu ni dandeessa

## Odeeffannoo Argachuuf Koodiiwwan QR Kana Fayyadami

| | |
|---|---|
| **1. Ragaa Gibira Hayyama Daldalaa Siyaatil** | **2. Tajaajila Maamiltootaa fi Beellama Leenjii (Bookings).** |
| **3. Dirree Tajaajilaalee Siyaatil** | **4. Unka Fedhiin Madaaliyaa Dabarsuu** |
| **5. Sakattaa'a Konkolaataa Maakaanikii Magaalaan Mirkaneesse (Nageenya, Fireemii, fi Eerbaagii).** | |